“Mu'uminni cimaatu Rabbiin biratti mu'umina laafaa irra caala, irra jaallatamaasi, haa jennuu malee hunduma keessa kheyriin ni jira,

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: “Mu'uminni cimaatu Rabbiin biratti mu'umina laafaa irra caala, irra jaallatamaasi, haa jennuu malee hunduma keessa kheyriin ni jira, waan si fayyadu irratti bololi, Rabbiin gargaarsifadhu malee hin dadhabin, wanti ati hin jaallanne wahii yoo si mudate, osoon akkasii fi akkas godhee silaa akkasii fi akkas ta’a ture hin jedhin, Garuu akkas jedhi: Rabbiin waan fedhe dabarse, wahuma fedhe hojjate, sababni isaas (osoon) hojii sheyxaanaa waan namatti bantuuf jecha".

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- namni mu'uminaa hunduu gaarii akka ta’e ibsan, garuu mu’umina amantii, murannoo, qabeenya isaati fi karoowwan ciminaa irraa waan biroo keessatti cimaa taheetu Rabbiin biratti mu'umina laafaa irra caala irra jaallatamaasi. Eegasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- dhimmoota addunyaa fi Aakhiraa irraa waan isa fayyadu keessatti Rabbirratti hirkatee Isaan gargaarsifachaa sababowwan geessuudha mu'uminaaf dhaaman. Eegasii nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatuu waan biyya lamaanitti nama fayyadu irraa dadhabuu fi ceem'uu irraa dhoogan. Rabbiin gargaarsifatee mu'uminni ciminaan yoo hojjete, sababootas yoo geesse, kheyrii Rabbiin irraa yoo barbaade, booda kanaatii dhimma isaa hunda Rabbitti hirkisuu yoo ta'e malee homaa isa irra hin jiru, filannoon Rabbii ol ta'ee isaaf gaarii ta’uu isaa beekuudha qaba, Sana booda balaan yoo isa mudate akkas jechuu hin qabu: “Osoon ani hojjedhee silaa akkasii fi akkas ta’a ture”; “Sababni isaas (osoo) jechuun hojii sheyxaanaa waan namatti bantuuf jecha” sun qadara mormuu fi waan darbeef boo’uu keessatti muldhata, garuu harka kennachuu fi jaalalaan akkas jedha: “Rabbiin waan fedhe dabarse, waan fedhes hojjete". Wanti ta’e hundinuu fedha Rabbiitini, sababni isaas Inni waan barbaade hojjeta, wanni murtee Isaa deebisuu fi dura dhaabbatu hin jiru waan ta'eef jecha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5493